**DOI: [https://doi.org/10.20372/jdq.v1i2.878](https://doi.org/10.20372/jdq.v1i2.878)**
**ISSN: 2226-7522 (Print) and 2305-3372 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor. *Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2):*1-19**
**Fuula Manaa: [https://journals.wgu.edu.et](https://journals.wgu.edu.et)**

Qorannoo Asilii

# Faana Dhooftummaa Suuryaadaa Barwalaloowwan Oromoo: "Anaan'yaa"fi "Obomboleettii" Keessattii

Hirphaa Baqqalaa[1*], Tashoomaa Egeree[2*], Magarsaa Dhinsaa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa faana dhooftummaa suuryaada barwalaloowwan Oromoo "Anaan'yaa"fi "Obomboleettii" keessatti mul'atan xiinxaluudha. Kana galmaan ga'uufis, saxaxa addeessaafi mala akkamtaatu hojiirra oole. Sababnisaas, ragaaleen lakkoofsaan osoo hintaane jechootaan ibsamuudha. Barwalaloowwan Oromoo keessaa Zalaalam Abarraatiin kan barreeffame "Obomboleettii"fi Asafaa Tafarraatiin kan barreeffame "Anaan'yaa" kanneen jedhamantu akka madda ragaa tokkoffaatti fudhatamaniiru. "Obomboleettii" keessaa walaloowwan lama (Mana Cina Karaafi ...jedhe, Diggaa Saaqoo!) akkasumas "Anaan'yaa" keessaa walaloowwan lama (geeraruu, moo yeelalu?fi imimmaan dubartii) kanneen jedhaman walumatti walaloowwan afurtu mala akkayyootiin filatame. Maddoota ragaalee kanneen irraas ragaaleen yommuu seecca'amanitti tooftaa funaansa ragaalee keessaa xiinxalli barruu, achi jalaas 'qabxiin mirkaneeffannoo' dhimma itti ba'ameera. Akkaataa kanaan ragaaleenerga seecca'amanii booda, ulaagaa faana dhooftummaatti dhimmi bahuudhaan adeemsota akkaatummaan ittiin xiinxalamu (addeessuu-hiikuu-madaaluu) jedhuun xiinxalamanii dhiyaataniiru. Dhumarrattis, argannoowwan kanatti aananiijirantubira gahame. Walaloowwan kitaaba "Anaan'yaa" keessaa filataman keessatti suuryaadni arguu jechoota yookiin gaaleewwan muraasaan uumamaniiru. Suuryaada kanneen faana godhachuudhaan ergaawwan karaa dhokataa ta'een yayyabaman (siyaasni, jaalalliifi hawaasummaan) karaa qaama miiraa arguutiin miireffatamanii akka hubatamaniif haala mijeessitoota ta'anii jiru. Kitaaba "Obomboleettii" keessaa walaloowwan filataman ammoo gosoota suuryaadaa keessaa (arguu, dhageettii, qaqqabannaafi dhamdhammiin) hojiirra ooluutu mul'ate. Suuryaadni kunneenis ergaawwan ijoo kanneen akka (siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee) qindoomina seeneffamaatiin qindoomanii akka dhiyaataniif faana ta'uu danda'aniiru. Qorattoonni dirree kanaayaaxxina kanaafi kanneen birootiin walaloowwan kanneeniifi kanneen biroollee gad fageenyaan qorachuu akka danda'antu kallattii qorannoo ta'ee dhiyaate.*

Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

**Article Information**

**Article History:**
Received: 04-07-2023
Revised: 08-09-2023
Accepted: 23-11-2023

***Jechoota Ijoo:*** *Akkaataa, Faana Dhooftummaa, Barwalaloo, Suuryaada*

**Qorataa Muummee: Hirphaa Baqqalaa*

*E-mail: abbaadeebii2020@gmail.com*

**Seensa**

Barwalaloon gooroowwan ogbarruu keessaa jechoota filatamoo ta'aniin tartiiba sirrii keessatti gargaaramuudhaan kan dhiyaatudha (Kennedy fi Gioia 1995). Yaada kana irraa, barwalaloo keessatti jechoota sirrii filachuu qofa osoo hintaane, tartiiba sirrii ta'ellee filachuun akka barbaachisutu hubatamuu danda'a. Yaada kana cimsuudhaan, Asafaan (2021, f. 26) yommuu ibsu, "*Afaan kalaqaa* kan waloon jechootuma afaanichaa keessaa jecha sirriidha jedhu filee jecha sirrii iddoo sirrii galchuudhaan oguma baasu ykn barreessuudha" jedha. Yaadni kunis walaloo keessatti tartiibni sirriifi jechi sirriin walunachuun yoo dhiyaatan ergaa walaloo baasuuf humna akka qabaatan kan ibsuudha. Walaloon qalbii namaa keessa akka turuuf, tartiiba hawwataadhaan sagaleefi miirawwan garagaraatiin guutamee ba'ee bifa adda ta'een dhageettii, miiraafi haala dhaggeeffattoota yookiin dubbistootaaf mijatuun kan dhiyaatudha (Sharma 2018, f. 1445). Kanamalees, barwalaloo keessatti akkaataan (style) iddoo guddaa ni qabaata. Yaada kanas Ashannaafii fi kaawwan (2022, f. 74) yoo ibsan "Xiinxala hojii ogbarruu keessatti akkaataan bakka murteessaa qaba" jedhu. Barwalaloo keessatti akkaataan hojiirra oole kan jennu, haala waloowwan jechoota walduraa duubaan tarreessuun itti fayyadaman yookiin haala jechoonni gaalee, gaaleen ciroo, ciroon hima, himoonni immoo keeyyata ijaaruun yaada barreessitootaa ibsuuf kan gargaaran yoo ta'aniidha (Kelly, 2015, f. 54 fi Stanford, 1999).

Akkaataan ruuqota ogbarruu keessaa isa tokko yoo ta'u, keessattuu walaloo keessatti dhimmoota filannoo jechootaafi caas-himaa waliin walqabatuudha (Leech, 2007). Kunis, walaloo keessatti akkaataa waloowwan jechoota ittiin filataniifi qindeessan, akkaataa jechoota hiriirsanii dhaamsa isaanii ittiin dabarfatan ta'uu agarsiisa. Yaaduma kana cimsuun, Mohammad (2018) akkaataan afaan barreessitoonni ergaa isaanii ittiin dabarfatan, akkaataa jechootatti fayyadaman, duraa duuba gaaleewwanii, ciroowwanii, himootaa, qindaa'inaafi duraa duuba barreeffamaa ofkeessatti haammata jedhuun ibsee jira.

Akkaatummaanis, ogbarruun tokko ijaaramuu qofa osoo hintaane, akkaataafi mala kamiin midhaagee, hawwattummaa isaa dabalee akka dhiyaate xiinxala. Wantoonni ogbarruudhaan dhiyaatanis miira dhaggeeffattootaa/dubbistootaatti dhiyoo akka ta'aniif suur-yaadni (waantota jedhaman sanneen qaamolee miiraatiin akka ibsamaniif) akkamitti akki dhiyaatan akkaatummaa keessatti iddoo olaanaa qaba. Short (1996) yaaxxinni akkaatummaa qabxiilee

xiyyeeffataman afur akka of jalaa qabu tarreessa. Isaanis, kanneen akka faana dhooftummaa (foregrounding), irraa maqinsa *(deviation),* marmaarinsa *(repitetion)*fi waltarrummaa *(parallelism)*dha. Isaan tarreeffaman kanneen keessaa qorannoon kun faana dhooftummaa *(foregrounding)* bu'uureffachuun kan adeemsifameedha. Sababnisaas, walaloowwan filataman keessatti jechoonni suuryaada uuman faana dhahamuudhaan ergaan walaloowwanii akkamitti akka yayyabamantu xiyyeeffatamee jira.

Gooreewwan faana dhooftummaa keessatti warra haala mijeessan keessaa suur-yaadnis isa tokkodha. Walaloonis mala kanatti gargaaramuudhaan dhoksaa jiruufi jireenya hawaasaa keessa dhokatee jiru baasee ittiin addeessuudhaaf humna jabaa qaba. Wantoonni walaloon keessa kaa'amee gad ba'u kunniinis dhugaa jiru calaqqisiisuu qofa osoo hintaane, waantota amala ibsuuf jedhame sanaan walfakkaatan birootiifis haala bakka bu'iinsaatiin tajaajiluu danda'uu qaba. Kanaafuu, waloowwan wanta ibsuu barbaadan tokko haala waan sana ittiin fakkii kaasuu danda'an uummatu. Haala sana giddugaleessa godhachuudhaan waan dhiyeessan sana kan mul'atu, kan dhaga'amu, kan fuunfatamu, kan dhamdhamamuufi kan qabatamuu danda'u. Yaada kanaan wal qabatee, Bari fi kaawwan (2014, f. 32) akka ibsanitti *"Image is the representation of sense experience through language"* jedhu. Hiikaan yaada kanaas, suuryaadni waan miira namaatti dhaga'ame ibsuu yookiin sammuu namaa keessatti suuraa waan sanaa uumuuf afaan itti gargaaramnu kan ibsudha. Kana jechuunis, suuryaadni wanta dubbatamutti lubbuu horee ergaasaa qabatamaa taasisuuf gargaara jechuudha. Yaaduma kana cimsuun Sharma (2018) akka ibsetti, suur-yaadni yaada walii gala keessoo keenyatti dhaga'amu kanneen akka gocha, dhageettii miiraafi yaadaa miireffachuudhaan muuxannoo keenyaan dabaallee afaanitti gargaaramuudhaan karaa ittiin waa ibsannu/hubannudha.

Waloowwaniif waan dhiyeessuu barbaadan sana suuryaadatti gargaaramuun qabatamaa taasisuuf kan isaan gargaaru immoo, filannoo jechootaa isaaniiti. Filannoowwan jechootaa suuryaada uuman kunneenis, wanta dubbatamutti lubbuu horuudhaan ergaa walaloo qabatamaa taasisuu keessatti shoora olaanaa qabaatu. Sababnisaas, waloowwan yaadaan dubbistoota yookaan dhaggeeffattoota isaanii ofduuba hiriirsanii waa daawwachiisuuf yookiin ergaa darbu ittiin miireffachiisuuf itti gargaaramu. Kanaafuu, walaloowwan kanneen keessatti suur-yaadni hojiirra oole kan jennu dhimmoonni qaamota miiraatiin mul'achuu danda'aniin yoo dhiyaataniidha. Ashannaafii fi

kaawwanis (2022) suuressi miira dubbisaa dhuunfachuuf akka gargaaru ibsu. Kana jechuunis, miireffannaa guutuudhaan akka argan, dhaggeeffatan, dhamdhaman, fuunfataniifi harkaan qaqqabatanii miireffataniif haala mijeessa jechuudha.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas, gooreewwan akkaataa keessaa suuryaada barwalaloowwan Oromoo "Anaan'yaa"fi "Obomboleettii" keessatti mul'atan faana dhooftummaatti dhimma bahuun xiinxaluudha. Sababiin dhimmi kun irratti xiyyeeffatameefis, barwalaloo Oromoo irratti kallattii faana dhooftummaa suuryaadaatiin xiinxalli gadi fagoon adeemsifame muraasa ta'uudha. Kanumarraa ka'uun, barwalaloo Oromoo irratti kallattii kanaan qorannoon kallattii kennu yoo gaggeeffame guddina ogbarruu Oromoof karaa saaquu danda'a yaadni jedhu waantota keessa qorataatti kaka'umsa uuman keessaaisa hangafaati. Gama biraatiin immoo, qaawwaa dhimma qorannoo kana wajjin walqabatu agarsiisuuf qorannoowwan barwalaloowwan Oromoo irratti gaggeeffaman keessaa muraasa yoo ilaallu:

Sinqinash (2019) mataduree "Qaaccessa Malleen Dubbiifi Sureessuu Walaloo 'Obomboleettii' Keessatti" jedhu irratti Yuunivarsiitii Addis Ababaatti hojjattee jirti. Xiyyeeffannoon qorannoo ishiis akkaataa malleen dubbiifi suuressoon walalicha keessatti waliin qindoomuun hojiirra oolan xiinxaluudha. Qorannicha keessatti malleen dubbii galtee suureessuu akka ta'antu dhiyeeffame. Akkasumas, Ashannaafii fi kaawwan (2022) mata duree "Fuulleffannaa Teeknikaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa" mataduree jedhu irratti qorannoo gaggeessanii jiru.

Kallattiin xiyyeeffannoo qorannoo kanaa immoosuuressa miireffannaa, kallattii seenessuu, marmaartuufi fayyadama jechootaa irrattidha. Qorannoowwan kanneeniin gadi faginaan kan hintuqamiin faana dhooftummaa suuryaadaafi ergaawwan walaloowwaniin darban walitti hidhuun dhiyeessuudha. Kanamalees, walaloowwan qorattoota kanneeniin kan hintuqamiin kan waloowwan lamaa walitti hidhuun xiinxaluun akkaataa isaan ittiin gargaaraman baasuun garaagarummaa qorannoon kun fuulleffate keessaa isa birooti. Yaadota kaafaman kanneen bu'uureffachuudhaanis qorannoon kun gaaffii bu'uuraakan "barwalaloowwan filataman keessatti faana dhooftummaan suuryaadaa akkamittiin hojiirra oole?" jedhu deebisuu danda'eera. Kana qorachuunis kan barbaachiseef, qorattoota, barattootaafi barsiisota ogbarruu Oromoof xurree kaa'uun yaadameetu.

**Malleen Qorannichaa**

Qorannoo kana galmaan ga'uu keessatti saxaxa addeessaafi mala akkamtaatu hojiirra oole. Sababnisaas, ragaaleen qorannoo kana keessatti dhiyaatan lakkoofsaan osoo hintaane jechootaan xiinxalamanii waan dhiyaataniifidha. Qorannoo kanaaf barwalaloowwan Oromoo keessaa Zalaalem Abarraatiin kan barreeffame "Obomboleettii" kan jedhuufi Asafaa Tafarraatiin kan barreeffame "Anaan'yaa" kan jedhutu madda ragaa tokkoffaa ta'uun filatame. Wantoonni barreeffamanii yookiin waraabamanii jiran xiyyeeffatamuudhaan akka madda jalqabaatti kan fudhataman yoo ta'an akka madda tokkoffaa ta'anii akka tajaajilan ibsa (Creswell, 2009). Ulaagaan barwalaloowwan kunneen ittiin filatamanis, barwalaloowwan kunneen walaloowwan Afaan Oromoo dinqisiifataman keessatti warra ramadaman ta'uu isaaniiti. Kunimmoo, kaayyoon qorannoo kanaan walqabatee ija akkaatummaatiin sirriitti hubatamee gad-fageenyaan yoo xiinxalame waloowwan birootiif fakkeenya ta'uu ni danda'a jedhamee yaadameeti.

Kanaafuu, qorannoon kun mala iddatteessuu keessaa miti carraa, isa keessaas akkayyootti dhimma ba'uudhaan, walaloowwan jiran keessaa kitaabotni kunneen, achi keessaas barwalaloowwan lama, lama walitti afur filatamaniiru. Walaloowwan fudhatamanis, kitaaba "Obomboleettii" keessaa (Mana Cina Karaafi …Jedhe, Diggaa Saaqoo!) yoo ta'an kanneen kitaaba "Anaan'yaa" keessaa fudhataman immoo (geeraruu, moo yeelalu?fi imimmaan dubartiiti).

Ragaaleen kitaabota kanneen irraa yommuu fudhataman tooftaa funaansa ragaalee keessaa xiinxalli barruu dhimma itti ba'ameera. Ragaaleen tooftaa kanaan walitti qabamanis 'qabxiilee mirkaneeffannootti' fayyadamuudhaan seecca'amanii jiru. Sababiin kun ta'eefis, dhimmoota kitaabota kanneen keessa jiran hunda fudhachuun xiinxaluun yeroofi humna guddaa waan gaafatufidha. Kanumarraa ka'uun ragaaleen kaayyoo qorannichaa waliin adeemuu danda'an walitti qabamaniiru. Ragaaleen erga walitti qabamanii booda immoo, kanneen qorannoo kanaaf barbaachisan qofti seecca'amuun yaaxxina akkaatummaatiin; isa keessaas faana dhooftummaa bu'uureffachuun adeemsota akkaatummaan ittiin xiinxalamu sadan kan Short (1996) kaa'e (addeessuu, hiikuufi madaaluu) hordofuun xiinxalamanii dhiyaataniiru.

**Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee**

Maloota walaloon ittiin dhiyaatu keessaa waloowwan wanta ibsuu barbaadan tokko haala waan sana qabatamaa taasisee (miiratti dhiyeessee) ibsuuf jechoota fakkii kaasuufii

danda’an filatu. Kunis walaloo “geeraruu, moo yeelalu?” jedhu keessatti jechoonni walalichi ittiin walaleeffame suuryaada keessaa arga yaadaatiin haala walqabatuun uumamuu danda’eera. Kanas ragaa walalichaa keessaa fudhatame kan armaan gaditti dhiyaate irraa hubachuun ni danda’ama.

7 hinka’u nan foqoqa
8 akka gad-deebii mucaa
9 hinfiigu nan munyuuqa
10 akka dullacha qocaa.
11 takka immoo naan fooggala
12 akka waatii gurguddoo
13 amma immoo narraa gala
14 akka michii maanguddoo (Anaan’yaa 2006, f. 37).

Akkuma bo’oowwan walaloo olitti tarreeffaman irraa hubatamu, walaloo kana yommuu dubbisan/dhaggeeffatan argayaadaa namaatti wanti mul’atu, geeraraa harkaa haalonni wal rurrukutuudha. Agarsiiftuun kanaas, mataduree walalichaa irratti “geeraruu, moo yeelalu?” kan jedhu keessatti geeraraan yaadota lamaan keessa seenee jiraachuutu mul’ata. Takka “nan geerara” jedhee murteessa. Ammoo deebisee, ofumaan murtoosaa diigee “nan yeelala”tti deebisa. Yaadota waliin mormii mataduree irratti dhiyaatan kanneen qabiyyee geerarsaa bo’oowwan (7,9,11) keessatti ibsuuf jechoota kanneen akka “nan foqoqa”, “nan munyuuqa”, “nan fooggala” jedhanitti gargaaramee jira. Jechootni kunneen immoo, gochaan argisiifamuufi mul’achuu waan danda’aniif suur-yaadni akka dhalatuuf haala mijeessanii jiru. Kanarraa kan ka’e, geeraraan ka’uu dadhabuu isaa gad deebii mucaatti fakkeessee akka foqoqu, fiiguu dadhabuu isaas dullacha qocaatti fakkeessuun akka munyuuquufi faallaa kanaa carraa argatee akka waatii gurguddootti akka fooggalutu ibsame. Geerarsi kun kan agarsiisu geeraraa kana bira haalli jireenyaa dhaabbataa ta’e akka hinjirredha. Jechoota suura uumaanii dhiyaatan akkasiitiin dhiyaachuun kunimmoo, waan jedhamu qofa dhaggeeffachuu osoo hintaane, yaadaan geeraraa faana dhahuun daawwachaa ergaa walalichaa (siyaasa karaa dhokataan dhiyaate) miireffachuudhaan akka dhaggeeffatan taasisuu danda’eera. Jechoonni argayaadaa uuman kunneen ergaa waloon dabarfachuu barbaade baachuudhaan ergicha miira namaa biraan gahuu danda’uu isaaniitu faana dhahamee jira.

Suur-yaada arguutiin kanneen wal qabatan ammas walaloo kitaaba “Anaan’yaa” keessaa fudhatame kan “imimmaan dubartii” jedhu bo’oowwan garagaraa keessatti hojiirra oolee jira. Kanas akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda’ama.

1 imimmaan dubartii
2 akka sabiyyiiti

3 osoo hinwaamin dhaqxi
4 hingaggeessin galti.

5 imimmaan dhiiraa
6 bishaan miti dhiiga
7 onneetu machaa'ee
8 hadhooftuu diddiga.

9 dubartiinis haadha,
10 haati garaa laaftii
11 imimmaan calaltee
12 dhiira garaa raafti. (Anaan'yaa 2006, f. 44).

Bo'oowwan walalichaa (1-4) irraa akkuma hubatamu, imimmaan dubartii qooddattuu walalichaa akkuma imimmaan daa'imaa dhangala'uu isaatu ija yaadaan arguu keessa namaatti uuma. Akkasumallee imimmaan ishee akkuma dafee dhufu, ammoo dafee akka dhaabatutu mul'ata. Akkasumallee osoo hinwaamiin dhaquufi osoo hingaggeessiin galuu ishiitu ija yaadaatiin argamuu danda'a. Haaluma walfakkaatuun, bo'oowwan (5-8) kan jiran yommuu ilaallus, imimmaan dhiiraa akka kan dubartiittii dafee kan dhufu osoo hintaane, dhiirri akka hinboonye, yoo boo'e immoo imimmaan isaa bishaan osoo hintaane dhiiga akka ta'etu yaadaan arguu uumee jira. Qooddataan dhiira ta'ee dhiyaate kun yoo boo'e, onneen isaallee akka machaa'u; sababa kanarraa kan ka'es hadhooftuu akka diddigutu ija yaadaatti mul'ateera. Kanamalees, yaadota bo'oowwan (11,12) irratti dhiyaatan yoo ilaallu, dubartiin olitti ibsamaa turte sun yommuu ishiin amala dura ishiif kenname ofirraa mulqitee amala biraa uffachuun imimmaan calaltee dhiira isa imimmaan isaa dhiiga jedhamee ibsamaa ture garaa raaftutu ija yaadaatti argamuu danda'a. Akkaataa kanaan walalicha keessatti hojiirra ooluun argayaadaa kun, ergaan walaloo kanaa (jaalalliifi hawaasummaan) gara qabatamaatti jijjiiramuudhaan akka miira namaatti dhiyaachuu danda'eera.

Walaloo kitaaba "Obomboleettii" keessaa fudhatame kan "Mana cina karaa" jedhu keessattis suur-yaadni akkaataa garagaraatiin bo'oowwan garagaraa keessatti hojiirra oolee jira. Isaan keessaa suur-yaadaarguutiin kanneen walqabatan bo'oowwan armaan gaditti fo'amanii dhiyaatan irraa hubachuun ni danda'ama.

3 Deemsa dheeraa booda dadhabee, bututee

5 Kara-deemaan tokko oobdii keessa dhaabbatee;

19 Doombi 'rra quphanee eenyutu lafaa ka'aa?

30 Maxinnoon beeddee 'rraa, marqaan xuwwee keessaa ka'ee itti mul'ate

31 Cunboofi cororsaan, caccabsaa fi bassoo

51 Ammawoo… boqqolloonuu margee; jilba nu ga'era

52 Bajjii xaafiif ta'us baayyeen baqaseera."

87 *Barruu keessaa dhahan ciqileen qolataa…?*

131 Lafa kaa'ee butee dullaa 'saa buttujjii

133 rraanoolee baddaa, irraangadee gammoojjii (Obomboleettii 2017, f. 120-124)

Akkuma bo'oowwan walalicha keessaa fialatamanii dhiyaatan kanneen irraa hubachuun danda'amu bo'oo (3) kan "Deemsa dheeraa booda dadhabee, bututee" jedhu keessatti keessummaan galgalaa karaa dheeraa erga adeemee booda, dadhabbii isa mudate ibsuuf jechoota waan namichi sun ta'e agarsiisanitti gargaaramuudhaan sur-yaadni qaamota miiraa keessaa arguudhaan walqabatu miira namaa keessatti akka uumamu taasiseera. Kana jechuunis, keessummaan sun dadhabbii keessa darbee bututuu isaatu yaadaan arguu keessa namaatti uuma. Akkasumas, bo'oo (5) irra kan jiru "Kara-deemaan tokko oobdii keessa dhaabbatee;" kan jedhu fudhannee yoo ilaalles, keessummaan galgalaan dhufe kun oobdii keessa dhaabachuufi achi dhaabatee warra manaa waamuu isaatu yaadaan namatti argama. Akka kanaan dhiyaachuun, walalichi haala qabatamaadhaan miira namaa wajjiniin hariiroo jabaataa akka qabaatuuf gargaare. Kanatu ergaan walalichaa qalbii namaa keessa umurii dheeraaf akka turuuf sababa ta'e. Kanamalees, bo'oo (19) irratti kan argamu "Doombi 'rra quphanee eenyutu lafaa ka'aa?" kan jedhu yoo ilaalle, keessummaa galgalaa kan gara manaa seene akka inni doombii (teessuma gadi gabaabaa kan irra taa'amu) irra keessummichi akka hinteenyeef dhoowwuu warra manaatu qalbii yaadaatti mul'ata. Sababiin isaan dhoowwaniifis, doombiin teessuma lafatti gad dhiyaatu waan ta'eef, namichi dadhabee butete kun yoo irra taa'e, achiirraa deebi'ee ol ka'uun akka itti ulfaatu akka tilmaamamuufidha. Suur-yaadni ija yaadaatiin arguu waliin walqabatu inni biroon, bo'oowwan (30,31) irratti kan argamu "Maxinnoon beeddee 'rraa, marqaan xuwwee keessaa ka'ee itti mul'ate." kan jedhuufi "Cunboofi cororsaan, caccabsaafi bassoo" kan jedhu yaadaan arguun guutamee dhiyaateera. Kana jechuunis, keessummaan galgalaa gara manaatti erga ol seenee booda, gosoota nyaataa isaaf dhufan tilmaamuudhaan suuraan nyaataa ka'ee itti mul'achuu isaatu dubbistoota yookiin dhaggeeffattootattis argama. Suuraan nyaataa ka'ee keessummaa galgalaatti yaadaan mul'ates, kanneen akka maxinoo, marqaa, cunboo, cororsaa, caccabsaafi bassoodha. Yaadota dhiyaatan kanneen irraa kan hubatamu, jechoonni waloon ergaasaa ittiin dabarfachuuf qindeesse qabatamaadhaan namoonni dubbisan yookiin dhaggeeffatanis waan inni jedhu yaadaan argaa ergaa walalichaa faana akka dhahaniif karaa ta'uu danda'uu isaaniiti.

Bo'oowwan walaloo kanaa keessaa suur-yaada arguu kan uume inni biroon, bo'oo (51) irratti kan argamu, "Ammawoo… boqqolloonuu margee; jilba nu ga'era" isa jedhudha. Bo'oon kun waliin dubbii abbaa warraafi keessummaa galgalaa keessaa yaada keessummaa galgalaati. Dubbii kanarraas wanti yaadaan arguu uume, biyya warra abbaa qe'eetii bokkaan baranas, bara darbes yoo roobuu dideyyuu, biyya keessummaan galgalaa keessaa dhufe immoo, rooba bokkaa irraan kan ka'e boqqoolloonuu margee jilba akka nama gahetu yaada namaatti mul'ata. Ittuma fufuun, bo'oo (52) irratti "Bajjii xaafiif ta'us baayyeen baqaseera." kan jedhu yoo ilaalle, biyya keessummaa galgalaatii boqqolloon margee jilba gahuudhaan, yeroo haasaa kanaatti lafti xaafiif ta'u qotamaa akka jirutu miira arguu keessa namaatti uuma. Bo'oo (87) irratti immoo, kan *"Barruu keessaa dhahan ciqileen qolataa…?"* jedhus kan jedhe keessummaa galgalaati. Yaadni keessummaan kun keessoo ofii isaatti dhoksee of keessatti dubbate, yaadaan arguu of keessaa qaba. Yommuu bo'oo kana dubbisan/dhaggeeffatanitti argiyaadaa inni uumu, harka waa baatee osoo jiruu rukutamuufi inni rukutame sun immoo, wanti inni baatee jiru akka harkaa gad-hinjigneef dafee qolachuu isaati. Ergaa dhokataan inni of keessatti qabatee dhiyaates doqnummaa, yookaan arjummaa abbaa warraa sanaa akka tilmaamaniif akka karaatti gargaaruu isaati. Bo'oowwan kanneen keessatti yaadaan arguun hojiirra ooluun kun, miirri dhaggeeffattootaa yookaan dubbistootaafi ergaan walalichaa walunachuudhaan wanti jedhame keessoo qalbii namaatti akka qabatuuf gargaaruu isaatu hubatamee jira.

Dabalataanis, bo'oo (131) kan "Lafa kaa'ee butee dullaa 'saa buttujjii" jedhu keessatti suur-yaadni arguu mul'ate, namichi keessummaan galgalaa kun sababii deebiin abbaa warraa isa mufachiiseef dullaasaa lafa kaa'ee butee halkanuma sanaan gara biyya ofiitti qajeeluu isaa nutti agarsiisa. As keessatti keessummichi dukkanaan waan deemeef takka gufachuu, takka fiiguu, takkas iddoo kufee ka'uu… waan hedduu nama tilmaamsisa. Yaadaan arguun biroo inni walaloo kana keessatti dhiyaate, bo'oo (135) keessatti kan "Irraanoolee baddaa, irraangadee gammoojjii" jedhudha. Bo'oo kanarraa akkuma hubatamu, ija yaadaatiin kan argamu, karaan namichi halkaniin ka'ee irra qajeele, irraanolee, akkasumas, irraangadee akka qabutu mul'ata. Kanamalees, karaan namichi kun keessa adeemu baddaafi gammoojjii illee akka of keessaa qabutu argaa yaadaa of keessatti qabatee dhiyaate. Argaawwan yaadaa akkasii kanaan dhiyaachuun bo'oowwan kanneenii, walaloon kun lubbuu godhachuudhaan qabatamaatti

namoonni yeroo dhaggeeffatan/dubbisanitti yaadaan duukaa bu'anii daawwachaa, keessattis of ilaalaa akka hordofan, miira ofiittis akka dhiyeessan taasisuu danda'eera. Akka kanatti dhiyaachuun kunimmoo, ergaan waloo kanaa qalbii namaatti akka qabatee hafuuf haala mijataa uumuu agarsiisa.

Walaloo kana keessatti suur-yaadni biroon hojiirra oole, suur-yaada dhageettii waliin kan walqabatudha. Dhimma kana Ashannaafii fi kaawwan (2022, f. 74) akka ibsanitti, "Walaloon afaan bifa addaatiin itti fayyadama; keessumaa ammoo fayyadama suuressa, malleen dubbiifi filannoo jechaan beekama" jedhu. Kanumarraa ka'uun walaloo kana keessatti suur-yaadni dhageettii akkamiin akka hojiirra oole mirkaneessuuf ragaalee walalichi of keessaa qabu fudhannee haa ilaallu.

38 "Bishaan Harkaa…!" Jedhe, abbaan warraa, sagalee ciratee

39 "*Abeet*…!" Jedhe sagaleen, waamicha owwaate

53 "Irbaata Keessummaa…!" Jedhe abbaan warraa sagalee ciratee

64 Achiis naqa tokko sagalee ciratee

65 "Midhaan Ammaa!" jedhee gara diinqaa ilaalee (Obomboleettii 2017, f. 121-122).

Akkuma bo'oowwan walalicha keessaa filatamuun dhiyaatan irraa hubatamu bo'oo (38) irratti kan argamu "Bishaan Harkaa…!' jedhe, abbaan warraa, sagalee ciratee" kan jedhu yommuu dhaggeeffatan/dubbisanitti suur-dhageettii keessa namaatti uumuu danda'u qaba. Sababni kun jedhamuufis, walalicha miiraafi yaada guutuudhaan yommuu dhaggeeffatan/dubbisanitti akkaataan inni ittiin sagalee isaa ciratee ijoollee isaa waamu, ajaju, irra deddeebiin waamu…keessa dhaggeeffattootaa/dubbistootaa keessattis miira dhageettii uumu ni qabaata. Kanatu, faana dhahamuudhaan ergaan walalichaa mi'aawummaa horachuudhaan keessa namaatti akka hafu taasisuu danda'ee jira.

Ittuma fufuudhaan, bo'oo (39) irratti immoo, "*Abeet*…!' jedhe sagaleen, waamicha owwaate." kan jedhu keessattis, owwaannaa "Bishaan Harkaa''tu mul'ata. Walwaamuu abbaafi ilmaa kana yommuu dubbisan yookaan dhaggeeffatan akka waan mana sana keessa jiraniitti sagalee warra wal waamaniitu dhageettii keessa namaatti uuma. Haaluma walfakkaatuun, bo'oo (53) kan "Irbaata Keessummaa…!' jedhe abbaan warraa sagalee ciratee" jedhuufi bo'oowwan (64,65) kan "Achiis naqa tokko sagalee ciratee" jedhuufi "Midhaan Ammaa!' jedhee gara diinqaa ilaalee" jedhu yommuu dubbisan yookaan dhaggeeffatan dhageettii yaadaa keessoo namaatti uumuu danda'a. Yaadota dhiyaatan kanneen irraa akkuma hubatamu, wal

waamuufi wal jalaa owwaachuu maatii kanaa keessatti yommuu dubbisan/dhaggeeffatanitti wanti keessa namaatti dhaga'amu jiraachuudha. Kanatu walalichaaf mi'aawummaa kennee akka inni yaada namaa seenuuf karaa ta'uun, keessa namaas akka turu taasise jechuudha.

Walaloo kana keessatti gosoota suur-yaada keessaa suuryaadni hojiirra oole inni biroon suuryaada dhamdhammiiti. Kanas ragaalee walalicha keessaa fudhatamaniin akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

35 Gororri qaldhoon sun afaan keessa yaate
36 Baldhisee amuummate, yaadaan alanfatee (Obomboleettii 2017, f. 121).

Akkuma bo'oowwan lamaan (35,36) kanneen irraa hubachuun danda'amu "Gororri qaldhoon sun afaan keessa yaate" kan jedhuufi "Baldhisee amuummate, yaadaan alanfatee" kan jedhu fudhannee yoo ilaallu, bo'oowwan kanneen yommuu dhaggeeffatan/dubbisanitti akkuma keessummaa sanaa isa faana dhahuudhaan gorara qal'oo liqimsaa, takkas amuummachaa, takka immoo alanfachaa yaada dhiyaate akka hordofan nama taasisa. Yaadonni kunneen miira waa dhamdha keessa namaatti uumuu warra danda'ani Yaadota dhiyaatan kanarraa kan hubat seenessaan yaada dhiyeessuu barbaade jec qofa osoo hintaane yaadaanis dhamdhamamuu qabu dhamdhamamaa yaadaan waan jedhamu faana dhahuu akka danda'anitti dhiyeessuu isaati.

Xiinxala armaan olitti dhiyaate irraa kan hubatamu, waloon yaadasaa ibsachuuf jechoota akkasitti suuryaada keessa namaatti uumuu danda'anitti gargaaramuun isaa caalmaatti ergaan walalichaa keessa namaatti akka qabatuuf haala mijeessuu danda'uu isaati. Gosoota suur-yaadaa keessaa suur-yaadonni walaloo kana keessatti hojiirra oolan, suur-yaada arguu, suur-yaada dhaga'uufi suur-yaada dhamdhamuuti. Akkaataa kanaan dhiyaachuun kunimmoo, waloon walaloo isaa qabatamaa godhee ergaasaa keessa namaatti ittiin hambisuu keessatti shoorri inni bahe salphaa akka hintaanedha.

Kitaaba "Obomboleettii" keessaa kan fudhatame walaloo "…, jedhe Diggaa Saaqoo!" keessatti gosoota suur-yaadaa keessaa miira waa arguu uumuudhaan kan walqabatan iddoowwan garagaraatti mul'ataniiru. Kanas ragaawwan walalicha keessa jiran fudhachuudhaan akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

13 Hora xinnoo, hamma barruu
31 Akka kanaan sabni yaa'ee
32 Odaa jala guutee, taa'ee
49 Mootii inni kaan, warqee kenne, Diggaa dhoksee
50 Harka woyyaa jalaan loosee
71 Dhugaa yaabee gadi qabee!

86 Mootiin moyees korma qaluuf lafaan hidde
92 Yeroo dubbiin, isa huutu ciriq gootee
114 Kan koo nitiin kaldhee hin qabduu
115 Kan koo maatiin cooma hin waaduu
116 Kee ijoolleen aannan dudhaati
117 Kan koo beelaan wal gajaatii
118 Kee qomoon abbaa horaa
119 Koo qomoon abbaa garaa
120 Kee ijoolleen abbaa karraa
121 Koo ijoolleen abbaa daaraa
122 Kee niitiin dibattuu
123 Koo niitin saakachooftuu
124 Kee saawwi gabbataa
125 Koo saawwi huuqqataa
126 Kee ijoolleen unattuu
127 Koo ijoolleen gubattuu
128 Kee karri muddamaa
129 Koo karri xuuxamaa
130 Kee baqsaan galaanaa
131 Koo dubbiin faldhaanaa
132 Kee egereen qabbanaa
133 Koo egereen dukkanaa
150, 154 Haalola'u, kan koo lolaa ta'ee
157 Goraadee 'saa mandhee kaa'ee
158 Butee baasee ofgorra'ee! (Obomboleettii, 2017, f. 152-157).

Akkuma bo'oowwan dhiyaatan kanneen irraa hubatamu bo'oo (13) "Hora xinnoo, hamma barruu" kan jedhu fudhannee yommuu ilaallu ija yaada namaatti wanti argamu horri Diggaan Saaqoofi mootiin ollaasaa kan irratti wal lolan sun xiqqoo, xiqqummaan isaas hamma barruu harkaa kan ga'u ta'uu isaati. Ittuma fufuun, bo'oo (31fi 32) irratti yaada "Akka kanaan sabni yaa'ee, Odaa jala guutee, taa'ee" kanneen jedhanis fudhannee yoo ilaalle, yaadota dhiyaatan kanneen irraa sabni guddaan yaa'uufi sabichi yaa'e sunis Odaa jala guutee taa'uu isaatu ija yaadaatti mul'ata jechuudha. Yaadaan arguu kana bo'oo (49) irra kan jiru "Mootii inni kaan, warqee kenne, Diggaa dhoksee" kan jedhu yommuu ilaallutti kan ija yaada namaatti argamu mootiin Diggaadhaan mormu sun dhoksaadhaan jaarsolii dhugaa baasuuf walitti qabamanitti matta'aa yommuu kennutu mul'ata. Matta'aan mootiin inni kaan kenne akkamittiin akka kenname agarsiisuudhaaf bo'oo (50) irratti "Harka woyyaa jalaan loosee" kan jedhutu jira. Bo'oon kunis kan agarsiisu matta'aan kenname sun karaa dhoksaa yookiin harka wayyaa jalaatiin ta'uu isaati.

Dhugaan Diggaafi mootii sanaa akkam akka ta'e ija yaadaa namaatti agarsiisuudhaaf bo'oo (71) irratti "Dhugaa yaabee gadi qabee!" kan jedhuun dhiyaateera. Bo'oon kunis kan agarsiisu, jaarsoliin dubbii ilaaluuf walitti qabaman dhugaa Diggaa yaabanii gad qabuu yookiin ukkaamsuudhaan dhugaasaa jallisuu ibsa. Kanaafuu, bo'oon kun dhugaan mootii kanaa irra ejjatamuu yookiin ukkamsamuu agarsiisa jechuudha. Dabalataanis, bo'oo (86) irratti kan dhiyaate bo'oo "Mootiin moyees korma qaluuf lafaan hidde." jedhu fudhannee yoo ilaallu, mootiin harka wayyaa jalaatiin dhugaa Diggaa dhoksuudhaaf matta'aa kenne

Hora sana dhiiga cobsee fudhachuudhaaf korma dhoksaan dhufee bosona kaa'ame qaluudhaaf lafaan hidduu yookiin kuffisuu isaatu ija yaadaan argama.

Kanamalees, bo'oo (92) "Yeroo dubbiin, isa huutu ciriq gootee" kan jedhus yommuu ilaallu sababii dhugaan isaa jalaa dabeef Diggaan hudhamee, keessayyuu darbee akka hafuura baasuu hindandeenyetti mormisaa "ciriq" jedhee hudhamuu isaatu yaadaan arguu uumee jira. Bo'oowwan (157, 158) kan "Goraadee 'saa mandhee kaa'ee, Butee baasee of gorra'ee!" jedhu keessattis gosoota suur-yaadaa keessaa argayaadaa waliin kan wal qabatu mul'atee jira. Bo'oowwan kanneen keessatti wanti argayaadaa uume, Diggaan aarii horri isaa jalaa gara darbuuf jiru hambisuuf goraadee mandhee keessaa baasee mormasaa bakka morma kormaa buusee of goorra'uu isaatu ija qalbii namaatti argamuu danda'ee jira.

Argiyaadaa kun walaloo kana keessatti itti fufinsaan bo'oo (114) waan niitiisaa gara fuulduraatti eeggatu ibsuudhaaf "Kan koo niitiin kaldhee hin qabduu" jedhu keessattis mul'ateera. Bo'oo kanarraa argaa yaadaa kan keessa namaatti uumu gara fuulduratti waan uffattu dhabuu/hiyyummaa haadha warraa Diggaa nama tilmaamsisuudha. Kana jechuunis, waan gara fuulduraatti yoo horri barruu harka Diggaatii baate egeree haadha warraasaa eeggatu agarsiisuuf oolee jira. Dhimma egeree maatii waliin wal qabatus yommuu ibsu bo'oo (115) kan "Kan koo maatiin cooma hin waaduu" jedhee jira. Bo'oowwan (116,117) irratti immoo, waan ijoolleesaafi kan namichaa eeggatu jechoota ija yaadaatti mul'ataniin yommuu waldorgomsiisu "Kee ijoolleen aannan dudhaati", "Kan koo beelaan wal gajaatii" jedheera. Waan gara fuulduraatti qomoosaafi kan mootii sanaa eeggatus bo'oowwan (118,119) keessatti "Kee qomoon abbaa horaa", "Koo qomoon abbaa garaa" jechuun dhiyeesseera. Wanti yaadaan arguu agarsiisu egeree mootota kanneenii waan eeggatu waliif faallaa ta'uudha. Innis dhimma abbaa horaafi abbaa garaa ta'uuti. Abbaa Horaa ta'uun immoo dhimmoota waan gara egereetiin wal qabatee dhiyaachuutu hubatame. Faallaa kanaatiin horri sun harkaa Diggaatii bahuun galaana hiyyumaa daakaa jiraachuu akka isatti fidu kallattii namaaf kenneera.

Bo'oowwan (120,121) kan "Kee ijoolleen abbaa karraa"fi "Koo ijoolleen abbaa daaraa" jedhu keessatti immoo ijoolleen Diggaa hiyyoomuu irraa kan ka'e abbaa daaraa, ijoolleen isa sanaa immoo sooromuu irraa kan ka'e abbaa karraa jedhamuu isaaniitu yaadaan arguu uume. Ammas, dhimma haadha warroota mootota kanneeniitiin argiyaadaa uumame, bo'oowwan (122,123) "Kee niitiin dibattuu, Koo niitin saakachooftuu" kan jedhudha.

Bo'oowwan kanneen keessatti immoo, sababa saawwan hora dhuganii dhadhaa kennuu irraa kan ka'e, kan namicha hora fuchachuuf jiruu dibattuu, kan Diggaa isa osoo abbaa horaa ta'ee jiruu hora dhabuuf jiruu immoo saakachooftuu (daalachooftuu) ta'uutu sammuu namaa keessatti suuraa uumee ija yaadaatti argama. Kanamalees, bo'oowwan (124,125) keessatti "Kee saawwi gabbataa", "Koo saawwi huuqqataa" kan jedhu fudhannee yommuu ilaallutti, saawwi namichaa gabbataa, kan Diggaa immoo huuqqataa ta'uuf akka deeman yookiin garaarummaan mootota kanneen lamaan fuuldura isaaniitti eeggatu maal akka fakkaatutu yaadaan arguu keessa namaatti uuma jechuudha.

Bo'oowwan (126,127) keessatti immoo wantoota dhiyaatan yoo ilaalle, "Kee ijoolleen unattuu"fi "Koo ijoolleen gubattuu" kanneen jedhantu jiru. Bo'oowwan kanneen keessatti garaagarummaa ijoollee isaanii eeggatu ibsuudhaaf ijoolleen mootii kaanii unattuu, kan Diggaa immoo gubattuu ta'uutu argaa yaadaa uume. Akkuma kana bo'oowwan (128,129) keessattis "Kee karri muddamaa", "Koo karri xuuxamaa" kan jedhu yommuu ilaallu, karri/saawwi mootii sanaa muddamaa/furdaa, kan Diggaa immoo xuuxamaa/huuqqataa ta'uu isaatu yaadaan argama. Egeree isaaniitti baqsaan akkamitti akka dhimma itti ba'amu agarsiisuudhaafis bo'oowwan (130,131) keessatti immoo "Kee baqsaan galaanaa", "Koo dubbiin faldhaanaa" jedhamee dhimma itti ba'ameera. Bo'oowwan (132,133) keessatti immoo, "Kee egereen qabbanaa", "Koo egereen dukkanaa," kan jedhu yommuu ilaallutti egeree mootii sanaa qabbana, kan Diggaa garuu dukkana ta'uutu yaadaan namatti mul'ata. Dhimmoonni waliin dorgomsiifamuudhaan dhiyaatan kunneen dhimmoota dinagdeedhaan walqabatan hedduu nama tilmaamsisuu danda'u. Sababa kanairraa kan ka'e Diggaanis murtoo isa dhumaa ofii isaatii of balleessee hora sana qomoo isaatiif hambisuuf mormasaa muruu filate. Kunis bo'oowwan (150,154) kan "Haalola'u, kan koo lolaa ta'ee" jedhu keessatti argayaadaa uumuu danda'eera. Kunis argi yaadaa inni uumu, dhiigni Diggaa erga mormisaa billaa isaatiin goorra'amee booda lolaa ta'ee lola'uu isaati.

Yaadota olitti kaafaman kanneen irraa, horri mootonni lamaan irratti wal dhaban xinnoo ta'uu, sabni dubbii kana furuuf bahe hedduu ta'uufi Odaa jalatti walgahuu isaaniitu argama. Hora oolfachuuf mootiin biroo sun jaarsoliif karaa harka wayyaa jalaatiin matta'aa kennuu, korma qalmaaf ta'u lafaan hidduufi dubbiin (dhugaan) jallachuun kun Diggaa mormasaa hudhuutu uumame. Kanumarraa ka'uudhaan, billaasaa mandhee keessaa baasee mormasaa of goora'uutu yaadaan arguu keessa namaatti uumuu danda'ee jira. Akkasumas,

horri barruu matta'aadhaan harka Diggaatii kan ba'u yoo ta'e, niitiinsaa, maatiinsaa, qomoonsaa, saawwisaa, karrisaa, walumaagalatti egereen isaa dukkanaa'aa akka ta'eefi kan mootii isaan mormuu immoo faallaa kanaa akka ta'etu yaadan qalbii namaatti argama. Dhumarratti, dhiigni Diggaa Saaqoo akka lolaatti dhangala'uudhaan lafarra yaa'uutu miira argaa yaadaa keessa namaatti uumee jira. Akkaataa kana fakkaatuun dhiyeessuun kunis, walaloon barreeffame unka walaloo qabatee dhiyaachuu qofa osoo hintaane wantoota yaada namaatti mul'achuu danda'anitti gargaaramuudhaan dhiyeessuun ergaan walalichaa kanneen akka (siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee) kanneen karaa dhokataan bocaman miira namaatti akka dhiyaataniif haala mijeessuu danda'eera. Kunimmoo ergaan walalichaa sammuu namaatti qabatee akka hafuuf galtee ta'uu danda'eera.

Suuryaadni dhageettiis walaloo kana keessatti iddoowwan adda addaatti hojiirra ooluun isaa nimul'ata. Kunis bo'oowwan walalichi qabu muraasa keessatti akka garagaraatti hojiirra ooluusaa akka kanatti aanee jiruun ilaaluu ni dandeenya.

58 Akkaas jennee murtee murraa
83 Jedhee iyyuuf waa sardamee
105 Ishoo gurbaa, baga moote…, baga moote! (Obomboleettii 2017, f. 154-155).

Bo'oo (58) kan "Akkaas jennee murtee murraa" kan jedhu fudhannee yommuu ilaallutti, miirri dhageettii keessa namaatti uumamu jaarsoliin dhugaa jallate ilaaluuf walitti ba'an mootii Diggaadhaan mormutti yommuu dubbatanitti dhageettii keessa namaatti uumu qaba. Yommuu walaloo kana dhaggeeffatan/dubbisan jaarsooliin dhugaa jallisuuf karaa dhokataa ta'een walii galtee matta'aa qabu uumuu isaaniitu namatti dhaga'ama. Sababa dhugaan inni qabu jalaa dabeef immoo Diggaan iyyuuf sardamuunis dhageettii yaadaa isa birooti. Kanas kan argannu bo'oo (83) kan "Jedhee iyyuuf waa sardamee," isa jedhu irrattidha. Akkuma bo'oo kanarraa hubatamu dhugaa jalaa jallate mormuuf yeroo horri barruu isa harkaa bahuuf jedhutti iyyuuf sardamuu isaatu mul'ata. Bo'oo kana yommuu dubbisan yookaan dhaggeeffatanitti sagalee iyya Diggaa Saaqootu keessa namatti dhageettii yaadaa uuma jechuudha. Dhageettiin yaadaa kun bo'oo (105) kan "Ishoo gurbaa, baga moote…, baga moote!" jedhu keessattis uumameera. Bo'oo kanarraas akkuma hubatamu, jecha Diggaan mootii biraa isa jaarsoliin matta'aadhaan looganiifitti dubbate keessatti afaan aariitiin "Ishoo…baga moote" jedhee karaa habalaka ta'een itti dubbachuutu namatti dhaga'ama. Dubbii Diggaan dubbate kana

yommuu dhaga'an/dubbisanitti miirri dhageettii keessa namaatti uumamu mormuun yaada kan dhugaa ofiitiif falmanii uumuu danda'uu isaati.

Gosoota suur-yaadaa keessaa walaloo kana keessatti kan argame inni biroon qaqqabachuudhaan kan walqabatudha. Ashannaafii fi kaawwan (2022, f. 75) suuressi miira dubbisaa dhuunfachuuf akka gargaaru ibsu. Kana jechuunis, miireffannaa guutuudhaan akka argan, dhaggeeffatan, dhamdhaman, fuunfataniifi harkaan qaqqabatanii miireffataniif akka dirqamsiisutu ibsame. Kanas ragaalee walalicha keessaa fudhatame fudhannee yoo ilaalle, Bo'oowwan (109,134) kan **"**Kunoo fudhu ulee ceekaa" jedhu keessatti suuryaadni qaqqabachuu uumamee jira. Kana jechuunis, Diggaan mootii isaan mormuun ulee ceekaa fudhu yommuu jedhu ulee walitti kennuufi wal irraa fudhachuun kun amala kennuufi fudhachuu waan qabuuf nama dubbisu/dhaggeeffatu miira qaqqabachuu keessatti uumuu danda'u qaba. Kana yoo jennu warri walalicha dubbisan/dhaggeeffatan akkuma kalaqa waloo hoodhuufi kenniidhaan guutamanii ulicha kennaa/fudhachaa ergaa sana faana dhahu jechuudha.

Yaadolii dhiyaatan kanneen irraa wanti hubatamu, waloon waan jechuu barbaadee akka waan argamuu, dhaga'amuufi qaqqabatamuutti dhiyeessuu isaati. Akkaataa kana fakkaatuun dhiyaachuun kunimmoo, walaloo kana yommuu dubbisan yookaan dhaggeeffatan faana dhahuudhaan waan argamu argaa, waan dhaga'amu dhaga'aafi waan qaqqabatamu qaqqabachaa hordofuuf gargaaruudanda'uu isaati. Kanatu walalicha qabatamaa taasisee ergaa waloodhaan maqee dhiyaate barbaadanii akka bira gahan taasisa jechuudha. Kanaafuu, akkaataa barreefama walaloo kanaa irraa kan hubatamu, wanti waloon dhiyeesse suur-yaadaan akka nama suuraa ilaaluutti, waa dhaga'uufi isa argamu sana immoo qaqqabatee ilaaluutti dhiyeessuu isaati. Akkaataan akkanaa kunis barwalaloo Oromoo fakkeenyummaa gonfachiisuudhaan ergaan bilchinaafi gad-fageenya qabu akka ittiin darbuuf akka agarsiiftuu karaatti gargaaruu danda'ee jira.

Walumaagalatti, yaadota armaan olitti dhiyaatan irraa kan hubatamu, walaloowwan ergaa haala qabatamaa lafarra jiruun walqabsiisuuf wantoota suur-yaada uumuu danda'anitti gargaaramuudha. Suur-yaadni walaloowwan keessatti hojiirra oolanis kanneen akka arguu, dhageettii, fuunfachuu, dhamdhamuufi qaqqabachuudha. Akkaataa kanaan dhiyaachuun immoo, ergaan walalichaa miira namaatti dhiyaachuudhaan karaa suuraa yaadaa uumuutiin mul'achuun ergaa qabatamaa ta'e dabarfachuuf gargaaree jira.

Wantoonni qaamolee miiraatti akka argamanitti dhiyaatan kunneenis, ergaawwan walaloowwan kanneenii (siyaasa, hawaasummaa, diinagdeefi jaalala) faana dhahuudhaan bira akka gahaniif haala mijeessaniiru. Ergaawwan kanneen bira gahuufis, yaaxxina akkaatummaa keessaa bu'uura faana dhooftummaa (foregrounding)tu hojiirra oole. Sababnisaas, yaadota walaloowwan keessatti suur-yaadaa uuman kanneen karaa godhachuudhaan ergaan waliigalaa walaloowwanii dhiyaachuu waan danda'eefidha.

**Goolaba**

Qorannoon kun suuryaada barwalaloowwan Oromoo "Anaan'yaa"fi "Obomboleettii" keessatti hojiirra oolan ija faana dhooftummaatiin xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun kan adeemsifamedha. Kana hojiirra oolchuufiskitaaba "Anaan'yaa" keessaa walaloowwan lama (Geeraruu, Moo Yeelalu?fi Imimmaan Dubartii) akkasumas, kitaaba "Obomboleettii" keessaa walaloowwan lama (Mana Cina Karaafi …, Jedhe Diggaa Saaqoo!) kanneen jedhaman filatamaniiru. Kaayyoo qorannoon kun qabatee ka'e galmaan gahuufis, mala addeessaafi saxaxa akkamtaatu hojiirra oole. Walaloowwan filataman kunneenis akka madda ragaa tokkoffaattifudhatamuun ragaaleen achi keessaas tooftaa xiinxala barruutiin walitti qabamaniiru.Ragaaleen walitti qabaman kunneenis,akkaataa wal fakkaatina isaaniitiin garee gareetti qoqqoodamuudhaan adeemsa adeessuu-xiinxaluu-madaaluutiin xinxalamuun dhiyaatanii jiru. Kunneenis, yaadiddama akkaatummaa keessaa ulaagaa faana dhooftummaa bu'uura godhachuudhaann kan adeemsifameedha.

Dhumarratti, goolabni bira gahame, suuryaadni arguu walaloowwan filataman hundumaa keessatti hojiirra oolee argamuudha. Keessattuu, walaloowwan kitaaba "Anaan'yaa" keessaa filataman lamaanuu keessatti gosoota suuryaadaa keessaa suuryaada arguu kana qofatu dhimma itti ba'ame. Walaloowwan kitaaba "Obomboleettii" keessaa filataman keessatti immoo gosoonni suuryaadaa kanneen akka (arguu, dhageettii, dhamdhammii, qaqqabachuu) hojiirra ooluu isaaniitu mul'ate. Suuryaadni walaloowwan kanneen keessatti haala kana fakkaatuun hojiira oolan kunneenis ergaawwan karaa qindoomina qabuun dhiyaatan qaamolee miiraatiin dubbistootni yookaan dhaggeeffattootni akka miireffataniif gahee ool'aanaa qabaachuu isaaniitu mul'ate.

Qorannoon kun gooreewwan akkaatummaa keessaa faana dhooftummaa suuryaadaa qofarratti xiyyeeffateera. Kunis qaawwaa karaa kanaan uumamee jiru duuchuuf yaadameetu. Ammoo, barwalaloowwan Oromoo

kanneeniifi kanneen biroo irratti ammayyuu qorannoo bal'aafi gadfagina qabu adeemsisuun ni barbaachisa. Kanaafuu, qorattootni dirree kanaa yaaxxina kanaafi kanneen birootiin gooroo kanaaf xiyyeeffannoo kennuun akka qoratantu kallattii qorannoo agarsiisuu ta'ee jira.

**Argannoo**

Walaloowwan kitaaba "Anaan'yaa" keessaa filataman keessaa walaloo "geeraruu, moo yeelalu?" jedhu keessatti gosoota suuryaadaa keessaa suuryaada arguu qofatu hojiirra oole. Walalicha keessatti jechoonni suuryaada arguu uuman kanneen akka foqoquu, munyuuquufi fooggaluu fa'aadha. Suuryaada uumame kana faana dhahuudhaan bu'aan argame immoo,ergaa walalichaa (siyaasa) karaa dhokataadhaan maqfamee dhiyaate miira namaatti dhiyeessuuf gargaaruudha. Kunis, dhaggeeffattoonni/dubbistoonni ergaa walalichaa miireffachuun akka hubataniif haala mijeessuu danda'eera. Haaluma walfakkaatuun, walaloo "imimmaan dubartii" jedhu keessattisgosoota suuryaadaa keessaa suuryaadni arguu hojiirra ooleera. Jechoonni yookiin gaaleewwan suuryaada kana baatanii socho'anis kanneen akka imimmaan dubartii, imimmaan dhiiraa, bishaan, dhiiga, machaa'uu onneefi diddigadha. Suuryaada uumame kana faana godhachuudhaan ergaawwan walalichaa (jaalalaafi hawaasummaan) akkaataa qindoomina jabaataa qabuun yayyabamuutu mul'ate. Kanatu ergaa walalichaa kan karaa dhokataa ta'een akkaataa salphaatti hubatamuu hindandeenyeen qindaa'e qaama miiraa arguutiin miireffatanii akka hubataniif haala mijeessuu danda'e.

Kitaaba walaloo "Obomboleettii" keessaa walaloowwan filataman keessaa walaloo "Mana Cina Karaa" jedhu keessatti gosoota suuryaadaa keessaa arguun, dhageettiifi dhamdhammiin hojiirra oolaniiru. Kanneen faana dhahuudhaan bu'aan argames, ergaawwan jajjaboo karaa maqinsa qabuun dhiyaatan (siyaasa, hawaasummaafi dinagdeen) akka miireffatamaniif gargaaranii jiraachuudha. Ittuma fufuun, walaloo "…, jedhe Diggaa Saaqoo!" jedhu keessatti immoo, gosoota suuryaadaa keessaa (arguu, dhageettiifi qaqqabannaatu) hojiirra oolee jira. Suuryaadni kunneenis ergaawwan ijoo kanneen akka (siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee) qindoomina seeneffamaatiin qindoomanii akka dhiyaataniif faana ta'uu danda'anii jiru.

**Wabiilee**

Asafa Tafarraa (2006). *Anaan'yaa.* Finfinnee. Branna Enterprise.

Asafa Tafarraa (2021). *Edas-Edanas*. Finfinnee: Daystar Printing and Trading.

Ashannaafii Balaay fi Kaawwan (2022). *Fuulleffannaa Teeknikaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa.* Barruulee Gadaa, 5(2).

Bari et al. (2014). *Stylistic Analysis of the Poem "The Onset" by Robert Frost.* European Journal of Language Studies. 1(2) 2014.

Creswell. J. (2009). *Research Design: Qualitative, Quantitative, And Mixed Methods Approaches.* Third Edition. Singapore: Sage Publications.

Kelly, S. (2015). *Introduction to Literature.* Virginia Beach, Virginia.

Kennedy, X. J. fi Gioia, D. (1995). *Literature: An Introduction to Fiction, Poetry, and Drama. Sixth Edition.* Wesleyan University: Harper Collins College Publishers.

Leech, G. (2007). *Style in fiction: a linguistic introduction to English fictional prose*. Pearson Education Limited Edinburgh: United Kingdom.

Mohammad, T. (2018). *Style, Stylistics and Stylistic Analysis: A re-evaluation of the Modern-day Rhetoric's of Literary Discourse.* Volume 4; Issue 2; March Page No. 46-50.

Sharma, L. (2018). *A Stylistic Analysis of Tennyson's Poem 'The Eagle'.* International Journal of Creative Research Thoughts. Volume 6, Issue 1. | ISSN: 2320-2882.

Short. M. (1996). *Exploring the Language of Poems, Plays and Prose.* New York.

Sinqinash Alamuu (2019). *Qaaccessa Malleen Dubbiifi Sureessuu Walaloo 'Obomboleettii' Keessatti.* Yuunivarsiitii Addis Ababaa. Kan hinmaxxanne.

Stanford, J. (1999). *Responding to Literature: Third Edition.* Mountain View, California London Toronto: Mayfield Publishing Company.

Zelealem Aberra (2017). ***Obomboleettii:*** *kuusaa Walalootaa.* Vasa: Korshol.